

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 08/11/2015 تاریخ  
Date: \_\_\_\_\_

Lakk.: 15/stm-abo/2015  
No.: \_\_\_\_\_ رقم

## Sadaasni 9 Guyyaan Yaadannoo FDG

### Gootota FDG Dargaggoota Oromoont Qabsiifame Irratti Wareegaman Bara-baraan Kan Itti Yaadannu.

(*Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo*)

Qabsoon diddaa gabrummaa baroota dheeraaf Ummatni Oromoo gaggeessaa ture bifa caalaatti qindaawaa fi waalata'aa taheen guutuu Oromiyaa keessatti wal qabatee akka diriiru, warraaqsi mirga abbaa-biyyummaa ofii falmachu Oromiyaa guutuutti waaltominaan akka gaggeeffamuuf, Kallachi Qabsaa Bilisummaa Oromoo (ABO) bifa haarawaadhaan waamicha qabsoo Ummata Oromoof dabarseen, Sadaasa 9, bara 2005 irraa eegalee Sabni Oromoo, addatti ammoo dargaggoontii fi barattootni Oromoo, goleelee Oromiyaa hunda keessatti, keessattuu, manneen barnootaa Sadarkaa ol'aanoo fi Sadarkaa lammaffaa keessaa mirga dimokiraasi, mirga abbaa-biyyummaa fi bilisummaa Ummata isaanii falmachuuf hiriira nagayaa bahuu fi bifa adda addaatiin sochii wal irraa hin citnee fi itti fuffinsa qabu gaggeessuudhaan wareegama ol'aanaa baasanii sirna bittaa alagaa kan Wayyaanee/EPRDF mormuudhaan gaaffii Oromoo addunyaatti mul'isan. Erga Sadaasa 9, bara 2005 dargaggoontni Oromo FDG bifa caalaatti qindaaween gurmaawanii jalqabanii as bara irraa baratti Fincilli Diddaa Gabrummaa Oromiyaa guutuu keessatti finiinaa jira.

Keessumaa ammoo, Ebla bara 2011 Warraaqsi Queerroo Bilisummaa Oromoo erga bifa Jaarmayaan Dargaggoota haaraa qabatee finiinuu jalqabee kaasees guutuu Oromiyaa keessatti Queerroon Oromo (Barattootni fi Dargaggoontni) sab-boontotaa fi walii-galatti Ummatni Oromoo bal'aan wal ta'uudhaan FDG bifa adda addaatiin mootummaa gabroomfataa Wayyaanee irratti finiinsuudhaan gaaffiin isaanii kan Bilisummaa Oromoo fi Walabummaa Oromiyaa lubbuun itti bahe, dhiigni itti dhangala'e, lafeen itti caccabe, maatii fi qabeenyi itti manca'e fiixa bauun isaa kan hin hafne ta'uu hojii fi gootummaadhaan mirkaneessaa jiran. Dargaggoontni Oromoo (Queerroon) Yeroo ammaa kanatti sadarkaan bilchinnaa, jaarmayaan, murannnoo fi hamileen qabsoof qaban ummata qabsaawaniiif biratti abdii guddaa kan hore dha. Dargaggoontii fi barattootni Queerroo fi Qarreen akkasumas sab-boontotni dallawa shira siyaasaa roga adda addaan diinni ijaare diiganii falmaa finiinsuudhaan humna Oromoont qabu diinaa fi firattis agarsiisaa jira.

Sirni bulchiinsa Wayyaanee/EPRDF nagayaa fi dimokraasi, akkasumas, mirga sabootaa kabajuu diduudhaan rorroon ummatoota irraan gahu yeroo irraa gara yerootti hammaachaa dhufuu fi Ummatoota biyyattii cunqursaa fi hiyyummaa hiriyaan hin qabneef saaxiluu irraan kan ka'e Fincila diddaa gabrummaa gaggeeffamaa jiru kana keessatti wareegamni qaqlaaliin ummata keenyaan baafameera, har'as baafamaa jira. Dargaggoontni, barattootni fi sab-boontotni Oromo hanga Bilisummaan Oromoo mirkanaawutti falmaan mirga abbaa-biyyummaa kun kan hin dhaabbatne ta'uu lubbuu isaanii bakka bu'aa hin qabne wareeganii mirkaneessaa jiran. Bara 2014 keessa duula Oromummaa balleessuu diinni maqaa 'Master Plan' jedhuun Oromoottti bane mormuudhaan wareegamni Ummatni Oromoo baase yaadannoo as dhihoo ti. Gootota ilmaan Oromo qaroo, beekoo fi hubatoo, kanneen sadoo jirenya dhuunfaa ifii irra kan biyyaa fi ummata isaanii caalchifachuudhaan dhiiga dhangleeasani, lafee cabsanii, lubbuu kennanii bilisummaa Oromoof aarsaa tahan bara baraan seenaan QBO isaan yaadata!

Bara kana (2015) Sadaasni 9 (November 9) Guyyaan Yaadannoo Fincila Diddaa Gabrummaa (FDG) Oromiyaa keessaa fi biyyoota alaa bakka sab-boontotni Oromoo argaman maratti haala how'aa fi onnataa ta'een qabsaawotaa fi ummata keenya FDG keessatti lubbuu isaanii qaalii saba isaaniif kennanii fi kanneen mana hidhaa keessatti dararamaa jiran, akkasumas, sababaa FDG ka-naan kanneen qaamaa hir'atan mara yaadachuu, seenaa boonsaa isaan dalagan faarsuu fi galma gahiinsa kaayyoo wareegama isaanii sanaaf irbuu keenya haaromfachuudhaan yaadatamee fi kabajamee oola.

Carraa kanaan kan Ummata keenya yaadachiisnu, yeroo ammaa kanatti sirni bulchiinsa Wayyaanee/EPRDF qabeenya ummataa saamuutti dabalee Oromoo lafa isaa irraa buqqisee dachii Oromiyaa gurguruudhaan gochaan sanyi-duguuginsaa (Genocide) Saba Oromoo irraan gahaa jiru falmaa bili-summaa bifaa gara garaatiin gaggeessaa jirru daran jabaannee akka finiinsiuuf kan xiiqii nutti bulchu akka tahe dha. Kana malees, mootummaan Wayyaanee rakkoo siyaasaa fi dinagdee isa qabee jiru, akkasumas, dhiittaa mirga dhala namaa irratti gal mee fokkisaa kuufachaa waan dhufeef jecha, xurii faallatee jiru kana dhokfachuu fi haguuguuf jecha saboota biyyattii wal nyaachisee ololoota dharaa karaa basaasota isaa tolchee afanfaajjii uumuuf olii fi gadi wixxifataa jiraachuun beekamaa dha. Dhaabota qabsoo bilisummaa irra jiranii fi caalaatti ammoo ABO fi hooggana isaa irratti duula abdii kutannaan banuudhaan qabsoo Oromoo waan duubatti harkisuu danda'u itti fakkaatee dhama'aa jira. Ummatni keenya akkuma kanaan duraa dammaqiinsaan shira diinaa kana of irraa tiksaa qabsoo diddaa gabrummaa finiinsuun waajiba.

Walumaagalatti Ummatni keenya, addatti ammoo Dargaggootni Sabichaa haala siyaasaa Impaayera Itoophiyaa bososee kufaa jiru kana xumura itti gochuuf jecha qabsoon yeroo ammaa finiinee jiru roga hundaan akka jabaatuuf dirqama isaanii akka bahatan ABOn gadi jabeessee yaadachiisa. Ummatoota Cunqurfamoo fi kanneen mirga bilisummaa fi dimokiraasii dhugaaf dhaabbatan waliin qabsoo irratti wal tumsaa socho'uufis roga hundaan hojiin hojjetamu akka jajjabeefamuu qabu kanuma waliin yaadachiisa.

Xumura irratti, ABO kabajaa Gootota Sabaaf qabnu mul'isuun dirqama lammii Oromoo hundaa ta'uu ummata Oromoof dhaamaa, Sadaasa 9 guyyaa FDG yaadachuu qofas osoo hin taane, karaa ittiin FDG caalaatti jabeessinuu fi QBO finiinsinu irratti jabaannee akka hojjennuu fi galata jaallan keenya bilisummaaf kufanii bilisummaa sabaatiin mirkaneessuuf harka wal qabannee kaayyoo jaallan kufanii hojiitti hiikuuf akka bakka hundaa socho'amu ummata Oromoo hundaaf dhaamna.

## **Injifanno Ummata Oromoof !**

**Adda Bilisummaa Oromoo**

Sadaasa 8, 2015